”Kan dhukkubsate haa himatu
Kan awwaale haa ragu
Kan beeku haa dubbatu”
Lakk.1
Waxabajjii bara 2001.

DHUKKUBA OFII OGEESSA JALAA DHOKSANII FAYYUUN AKKUMA HIN DANDA’AMNE, RAKKOO UMMATA OROMOO UMMATICHA JALAA DHOKSANII BIRXA-BA’UUN (MILKAA’UUN) HIN DANDA’AMU.

Qabsoo Bilisummaa Oromoo maaltuu qancara hin goddatne kan ammoo hin dhabamne godhe? Dhukkubsataan tokko dhukkuba irraa fayyuuf mana wal’aansaa dhaquu qaba. Bakka isa dhukkubuu fi isa laalatu ogeessa fayyaatti himatee rakkoo isaallee tuttuqee agarsiisuu qaba. Dhiigaa-fincaan isaa kennee qoratamutuu irra jira. Summii fi raammoon nafa isaa keessa seene beekamee qoricha argatuu qaba. Dhukkubsataan yoo qoratamee yeroon dhukkuba isaatiif qoricha hin argatin, huqqatuu ykn ammoo du’uutuu isa mudata. Rakkoon ummata Oromoo kanaan wal fakkaata. Ummatni Oromoo rakkoo isaa wal-jalaa dhoksee furmaata abdachiisaa argatuu hin danda’u. Rakkoo ofii of jalaa dhoksuun, mataa ofiitiin of ajjeesutti herregama (suicide). Dhukkubni dhokataan, qabsoo walabummaa Oromoo fadhiidoo hin guddatne kan ammoo hin dhabamne godhe, beekamee qoricha argatuu qaba.

Qabsoon Oromoo maaliif hin guddatne? Yoo guddatuu dide ammoo maaliif hin dhabamne? Qabsoon Oromoo dhukkuba qaba. Sababiin hin guddatneefis kana. Dhukkubni kun ammoo bakka lama gurguddatti qoodama. Isaanis: dhukkuba keessaa ti fi dhukkuba alaa-ti. Qabsoon Oromoo walabummaa saba bal’aatiin xumuramuuf, rakkoo keessa ti fi rakkoo alaa irra aanuu qaba. Rakkoo kun qoratamee, beekamee, yoo furmaata gahaa hin argatin, qabsoo Oromoo---- qancaruu, injifatamuu, hoonga’uu fi dhabamutuu isa eeggata. Rakkoo ummata Oromoo of jalaa, wal-jalaa haguugnee of sobuu fi wal-sobuun, ummata Oromootti kijibuu yeroo n, nu baasuu hin dandeenye. Karaan nu baasuu fi kan walabummaa saba bal’aatti nu geessu, karaa dhugaa callaa-dha (qofa). Dhara, dhugaan injifachuun wareegama gaafata. Wareegamni ammoo: of kennuu, of irratti murteessuu fi qulqullummaa gaafata. Rakkoo ummata Oromoo ummata Oromoo jalaa dhoksuun of irrattis ummaticha irrattis yakka hojjachuu-dha. Yakki ammoo, amajaajii hadhaawaa fi nyaapha goggogaa gargaara. Rakkoo ummata Oromoo, ummata Oromoo-tti ifa baasuuf yeroo murteeffatnu, wareegama fi itti gaafatamummaa dirqamni kun qabu of irratti fudhatne itti seenuu-dhaan, QAANQEEN BOSONAA ibsa kana baase.

RAKKOO KEESSAA

Dhukkubni qaama keessaa, dhukkuba alaa namatti dhufu caalaa hammaataa dha. Dhukkubni keessa yoo hennaan beekkamee, qorsa barbaachisu hin argatin, suuta suutaan nafa namaa fixee, .dhuka dhugee, lafee caccabsee, humna namaa dhawa. Dhukkuba alaa namatti darbuufis karaa bana. Qaama namaa keessaa yoo sammuun namaa summiin qabame, onnee fi sombi hin hojjatu. Qaama keessaa yoo dameen tokko dhukkubsate, dameen biraallee ni dhukkubsata. Sababiin isaallee, hiddi qaamaa waan walitti ijjatuufi. Yoo sammuun hin hojjatin, dhiigni hin hojjatu. Kunis yoo hin fayyin, gara du’aatti nama

geessa. Dhukkubni keessaa, dhagna namaa keessatti haa wal-horu maalee, asiliin fi raammoon isaa alaa seena.

Dhukkubni qaama namaa essaan seena? Dhukkubni, qaama namaa qaawaan seena. Fakkeennaaf: afaaniin, funyaaniin, qaama dhalchaatiin kkf. namatti seena.. Dhukkuba qaama namaa keessa jiru akkamitti irraa fayyan?

1. Mana faayyaa dhuquu
2. Ogeessaan qoratamuu
3. Dhukkuba ofii beekuu
4. Ittisa ykn qoricha fudhachuu

Dhukkubni qabsoo Oromoo yarsee fi kan yarsaa-llee jiru kanaan wal-bikka.
Qabsoon walabummaa saba Oromoo maaliif guddatuu dide? Oromoon maal dhabee bilisummaa goonfatuu dadhabe? Sababiin hinnikkaan qabsoo walabummaa Oromoo guddina dhoorge, warraaqsi bilisummaa Oromoo dhibdee keessatiin qabamuu isaati. Dhibdeen keessaan xaxee qabsoo ummata Oromoo sakaale kuni seenaa bara dheeraa lakkaawwata. Ummanni Oromoo sirna kiyyoo gabrummaa jalatti erga kufe irraa kaasee, daanawoon qabsoo Oromoo keessaan nyaatee, humna dhabsiisee, qabsooma keessatti daadee basee, qarriffaa magarse. Sirni kolonaaleeffataa Habashaa, Oromoo qabatee Oromoon cabsuu hanga ar'aatti itti fufe. Oromoo tokko qabatee kan biraatiin cabsuu biras lufee, ummata Oromoo keessatti dhibdee hin fayyine uume. Kolonaaleffataan Habashaa, nyaapha fira fakkaatu kan maqaa Oromoo himatu nu irratti bobbaase. Akka seenaan ragaa ba'utti, Oromoo roorroo irratti fincile kan diina jalatti qabee, harmaa fi harka mursiise, nyaapha fira fakkaatu. Kan yoo Oromoo tokko lolu harka kennatee, ofii jilbiifate Oromoo biraa jilbiifachise Oromoma ture. Xiinxallaa rakkoo qabsoo Oromoo keessaa irra ejjannee gara gaafii hundee qabutti deebina. Ummanni Oromoo sababii dhibdee keessaa-tiin, osoo jaarmaya qabu jaarmaya dhabee, osoo hoggana qabu hoggana dhabee, osoo gurmuu qabu tokkummaa dhabee injifatame. Osoo qaban keessaa dhabuun, dhugaa dhara fakkaattu. Seennaan dhibdee keessaa, kan ummata Oromoo hoggana malee hambise, eessaa kaa'ee--- eessaan bahee----eessa ga'e? Deebiin kanaa:

BARA 1974-1992

Sochii bartoota Oromoo kan farra sirna mootii mootota Habashaa (Absolute monarchy) keessatti, gaaffii warraaqsa walabummaa sabaa fi Impaayera Itoophiyaa ilaalchisee yaada booruutu calaqqisaa ture. Gaaffileen gurguddoon: „Kayyoon warraaqsa walabummaa sabaa maali? Akkamitti sirna gabroomfataa cabsine bilisoomina? Yoo sirni gabroomfataa buqqa'e sirna akkamii ijjaarra? " kkf hanga bara 1974-tti deebilee quubsoo hin argatne ture. Sochii bartoota Oromoo keessatti murnoonni tokko tokko "warraaqsa bilisummaa sabaa jechuun, gita bittuu kolonaaleffataa Habashaa aangoo irraa buqqifnee barcumaa Minilik dhaaluu-dha" yoo jedhan; murni faallaa kanaa ammoo, "warraaqsa bilisummaa sabaa jechuun, sirna kolonaaleffataa Habashaa diignee, ummata bilisaan biyya walaba keessatti mootummaa birmaduu Oromoo ijaarra-dha" kan jedhu ture.

Murni kana irraa hafe, ilaalcha tokko malee dingataa'uummaan hiriiraa, akka bishaan wantee irraa

raafamaa ture. Osoo ilaalchi booruu fi walii faallaa kun hin xaliilin, Koreen Qindeessituun Waaltaa ABO, bara 1974 Finfinnee keessatti ijaaramte. Hennaa koreen tun ijaaramtu irraa kaasee yaadni masaanuun kun warraaqsa Oromoo keessatti calqqisuu itti fufe. ”Ummata Oromoo akkamitti bilisoomsina” gaaffi jedhu irratti, miseensota bu´ursituu keessatti ijjannoon lama calaqise. Murni tokko: ”gaaddisa tokkummaa Itoophiyaa jalatis ta´ee, gaaddisa bilisummaa Oromoo jalatti, olaantummaa fi abbaa-irrummaa murna tokkoo yookin gita tokkoo mirkaneessina” ajandaa jedhu dhoksaan tarkaanfachiisuu eegale. Murni faallaa kanaa ammoo, ” bilisummaa saba bal´aa jechuun, ummata Oromoo bal´aan biyya walaba keessatti mootummaa dimokiraatawaan, Republika Oromiyaa ijaaruu” yaada jedhu qabatee tarsimoo qabsoo hidhatnoo (armed struggle) karoorfate. Jalqabuma qabsoo Oromoo irraa kaasee, hoggana ABO keessatti, dhibdeen qabsoo Oromoo laamshesse buupha isaa buufate. Jalqabuma irra kaasee, murni booddeessaan gaaddisa Itoophiyaa jalatti yookin gaadisa Oromiyaa jalatti olaantummaa fi abbbaa-irrummaa murna tokkoo fiduuf akeekate, ajandaa bolola aangoo harka lafa jalaatin oofuu itti fufe. Murna tarkaanfataa, warraaqaa fi qabsaawaa kaayyoo bilisummaa saba bal´aa qabu irratti shira siyaasaa xaxuu jalqabe. Hiriira murnoota kanaa, akka armaa gaditti tarreessuun ni danda´ama.

1. Murna booddessaa – kooluu mirgaa
2. Murna warraaqaa – kooluu bitaa

Murni ajandaa aangootiin of karoorse, suuta suuta murna tarkaanfataa fi warraaqaa of jalaa dha´ee, gaaffii walabummaa saba bal´aa suuta suutaan gara dorgommii aangootti jijjiire. Shira siyaasaa ti fi yakka murni booddessaan qabsoo Oromoo ti fi qabsaa´oota Oromoo irratti hojjataa ture akka asi gadii kanatti babbaysina.

BARA DARGII

Murni booddessaa fi ayyaanlaallattuun kun, yeroo murni warraaqaan qabsoo hidhatnoo baadiyaa biyya Oromoo keessaa jalqabuuf bosona seenu, inni sababii gara garaa dhiyeessee, magaalaa Finfinne keessaa bahuu dide. ”Mootummaan dargii hanga amala dimokiraatummaa fixatutti waliin hojjanna ” jedhaa, harka wayaa jalaatiin fuudhaa fi heeruma siyaasaa kan mootummaa dargii wajjiin godhe jabeeffataa, shira warraaqxota Oromoo ittiin dhabamsisu qamashaa ture. Qabsaa´oota dirree seenan kan ilaalcha xaliila qaban, sababii gara garaatiin gara magaala Finfinneetti waamuudhaan, dhiigaa fi qarruu hayyoota Oromoo dhangalaase. Basaasoota mootummaa dargii wajjin walii-galuudhaan, booka qabsoo Oromoo kan ta´an miseensota akka Muhee Abdoo Waleensoo, Yiggazuu Waaqee Gazzahanyi, kkf jalqaba bara 1980-tta keessa ”rashansiise”.

Shirri kun osoo itti hin dammaqamin, ajandaa dhoksaa guduunfaa jabeeffatee, waan qabsoo hidhatnoo tarkaanfachiisu fakkaatee, Murni booddessaan, bara 1970-tta keessa gara dirre bahaati fi dhihaatti bobba´e. Ammallee ilaalchi bara 1974 Koree Qindeessituu Waaltaa keessatti calaqqisaa ture bifa haaraan dirre qabsoo hidhatnoo keessattis calaqqise. Murni boodessaan, gaaddisa tokkummaa Itoophiyaa ykn gaaddisa Oromiyaa bilisaa jalatti olaantummaa gartuu tokkoo fiduuf karoorfate, MATAMA A OFII ISAATII FUU, ajandaa aangoo irratti bakka lamatti baqaqee keessa keessa wal hudhuu jalqabe.

Haata´u malee, murni aangoof wal-danqe kun, haaluma maraafuu dura , qabsaa´oota dhugaa of keessa dha´uu irratti walii gale. Osoo kun akkanumaan jiru, bara 1978 keessa si´a lammataatif qarruun warraaqxootaa fi hayyoota Oromoo, kan jaal Magarsaa Barii keessatti argamu, humnoota Somaaleetin Shinniga keessatti galaafatame. Haalli fokkataan qabsoo Oromoo mudate kun, qabsaawota dirree hidhannoo jiran hoggana malee hambisee. Murna booddessaa kanaafis karaa bane. Hiree tasa uumameef kanatti gargaaramuun murni booddessaan, qabsaa´oota dhugaa ukkaamsuu, maqaa xurreessuu fi ajjeessuu aadaa isaa godhate. Tarsimoo siyaasaa shiraa jabaa, waraana ammoo, laafaa karoorfate. Qondaaltootaa fi miseensoota dandeetti hogganummaa hin qabne of jalatti hiriirsee, miseensotaa fi hogganoota dandeetti qaban dhabamsiisaa ture.

Hogganni booddessaan kun yoo sodaatu, gurmuu ummata Oromoo tamsaasaa, ABO diigaa, waraana bilisummaa Oromoo facaasaa hanga bara 1992 gahe. Bara 1992, hennaa mootummaan Dargii buqqa´ee mootummaan wayyaanee aangoo yaabatu, barcumaa Minilik dhaaluuf, qabsoo bilisummaa Oromoo dhisee, aangoo irratti bakka lamatti qoodame. Murni booddessaa fi ayyaanlaallataan Leencoo Lataa-tiin hogganu, qabsoo bilisummaa Oromoo balaaleffatee, waraana bilisummaa Oromoo rukuchiisee, tokkummaa Itoophiyaa jalatti, ol-aantummaa murna tokkoo mirkaneessee-----sirna, Kolonaaleffataa Habashaa tiin walfakkatu, garuu kan maqaa Oromoo himatu, ijaaruuf abjootuu jalqabe.

Yakka murni kun qabsoo bilisummaa Oromoo irratti hojjataa ture akka arma gadiitti taarressuun ni dan da´ama:

? Murtii miseensotaa fi ummata Oromoo-tii alatti, WBO mooratti galchee rukuchiisee.
? Abdii fi amantii ummatnii fi qabsaa´oonni Oromoo irra kaayan ganee, Leencoo Lataa, Wayyanetti harka kennate.
? Ifatti qabsoo bilisummaa Oromoo-tiin, ”dhukkuba fottoqummaa” –ti (Stigma of Separatism) jedhee balaaleffate.
? Kaayyoo bilisummaa Oromoo dhiisee: ”Itoophaa Federaaleessuu, dimokiraatessuu, walitti araarsuu” kitaaba jedhu barreese.
? Bara 1992 as, hogganni booddessaan Leencoo Lataatin hogganamu, WBO Dirree Dhihaa facaasee, baqatee Kenyaatti ba´uun-dhaan, maqaa ”Qaama Qindoomina Dhihaa” jedhuun, ABO keessatti of ijaare.

Shirri hogganaan booddessaan kun wixinate, kana irratti hin dhaabatne. Tooftaa tooyatnoo ilaalaa (Remote control mechanism) diriirfatee, waraana bilisummaa Oromoo diigaa as ga´e. Kuukulluun shira siyaasaa kun ittuma fufe. Murni booddessaan Galaasasa Dibboo- tiin hogganamus, maqaa bilisummaa Oromoo tiin, tarsimoo qabsoo Oromoo keessatti abbaa-irrummaa murna tokkoo dhuga´oomsuuf, waraana bilisummaa Oromoo keessatti riphee diigaa ture.

Murni booddessaan fi ayyaanlaallataan (Opportunist group) Leencoo Lataa-tiin durfamu, henna ammaa kana, miidhaa akkamii qabsoo bilisummaa Oromoo irratti hojjataa jira? Deebiin kanaa:

1. Kaayyoo walabummaa Oromiyaa ifaatti balaaleffatee, kaayyoo tokkummaa Itoophiyaa babal´isaa jira. Ragaan qabatamaa fi amansiisaan kitaabaa, Leencoo Lataa mata duree: The Ethiopian State at the Cross Roads: Decolonization and Democratization or Disintegration” jedhu, caalaa ragaan biraa hin jiru.

Kitaaba kana irratti Leencoo Lataa, kaayyoo bilisummaa Oromoo balaaleffatuu bira darbee, tokkummaa Itoophiyaaf abokaattoo ta´ee of dhiyeessa. Akeeka Walabummaa Sabaa, gara mootummaa Federaalaatti gadi xiqqeessa. Qaanyii tokko malee, mootummaa Wayyaaneef deeggersa kadhata. Abjuu fi dunquqquu Chaartaraaf qabu wacabbara.

2. Tarsimoo Siyaasaa Waraanummaa (politico-military strategy) balaaleffatee, jilbiifattummaa fi fincila - dideessumma (non-violence) babal´isaa jira.
3. Hoggana ABO kan amma jiru kana akka kittillayyootti itti gargaaramee, waraana bilisummaa Oromoo tooftaa tooyyanoo ilaalaatin duguugaa jira.
4. Gurmuun, tokkummaan, gamtaan ummata Oromoo akka hin ititne diigaa jira.

5. Ammallee akkuma aadaa isaa Chaartara biraa mallatteessuuf mootummaa Wayyaaneeti manguddummaa ergata. Kanaaf ragaan qabatamaa fi amansiisaan, “immaammata nagayaa” jedhamee, maqaa ABO tiin xalayaa bara 2000 keessa labsame caalaa kan biraa hin jiru.

6. Jaarmaya ABO-ti fi waraana bilisummaa Oromoo diigee, maa´ela (faction), “Qaama Qindoomina Dhiyaa” jedhuun bakka buusaa jira.
7. Agoobbarri Jaarmayoota Oromoo akka hin ititne shira siyaasaa xaxa. Agoobara Jaarmayoota Oromoo tuffatuu dhaan gara ”Koree Araaraa-tti” gadi xiqqeessa.
8. Tokkummaa fi gurmuu ummata Oromoo diigaa, “ tokkummaa tooftaa humnoota Amaaraa wajjiin goona” jedhee, ummata Oromoo afanfaajjessa.

Murni booddessaa fi qancarsaan Galaasaa Dilboo ti fi Dhugaasaa Bakakkoo-tiin qajeelfamu hoo miidhaa akkamii qabsoo walabummaa Oromoo irra geessaa ture? Hennaa ammaa kana ammoo yakka akkamii hojjataa jira? Deebiin kaanatis:

1. Waraana abilisummaa Oromoo keessatti riphee tarsimoo qabsoo hidhannoo golgatee, waraana bilisummaa Oromoo qancara hin guddatne kan hin dhabamne godhe.
2. Waraana bilisummaa Oromoo keessatti abbaa-irrummaa, waaqeffattummaa nama tokkoo ti fi gartuu tokkoo moosisee, tarsimoo waraana jabaa ti fi siyaasaa jabaa dhabamsiisee, tarsimoo siyaasaa jabaa waraana laafaa tiin bakka buuse. Waraana bilisummaa Oromoo kan lolee saba bilisoomsu osoo hin ta´in, waardiyaa murna kana aangoo irratti tiiksu kan humna warraqaa itiin sodaachisuu fi ittiin ukkaamsuu godhe.

3. Miseensootaa fi qondaaltota murna kanaaf amanamoo ta´an of jalattii ijaaree, qabsaa´oota dhugaa ti fi warraaqxota, suuta suuta waraana bilisummaa Oromoo keessaa dhabamsiise. Hogganootaa fi miseensoota shira kana irratti dammaqan ajjeessaa as gahe. Kanneen rasaasa murna kanaa jalaa miliqan ammoo shira irratti hojjatee, fiixaa qabsoo irraa dhiibaa ture. Fakkeennaaf, jagnoota Oromoo keessaa sooressa kan ta´e Jaal Guutamaa Hawaas faa “fottoqan” jechuudhaan, Dirree Bahaa keessatti hidhee ture. Dhuma irratillee dhiibbaa irratti godhee, diinaan rukuchiise. Dhiyyeennuma kana yakki hiriyaa hin qabne kan Dirre Kibba Oromiyaa keessatti jagnoota keenna irratti raawwatamaa jiru, farrummaa murna kanaa guyyaasa.

Murni kuni farrummaa dur dhoksee lafa jala oofaa ture ol baa fatee jagnoota keenna kan akka Gishuu Jaarraa ajjeese. Jagnoonni kenna kan rasaasa murna kanaa jalaa kanaan dura miliqanis, yeroo ammaa kana dabaree du´a eeggataa jiran. Murni booddessaan kun ifaan jagnoota bilisummaa Oromoo fixuu bira darbee, ummata Oromoo fi WBO gosaan diigaa jira. ”Kuni Wallagga”, ”sun Boorana”, ”kun Arsii” jechuun, Dirree Kibba Oromiyaa keessatti mooraa lama ijaarsisee wal-ficcisiisaa jira.

Tokkummaa fi garaagarummaan murna ayyaanlaallataa Leencoo Lataatin durfamuu fi murna qancarsaa Galaasaa Dilboo-tiin hogganumu jidduu jiru maali?

1. Murni lamaanuu, maqaa ummata Oromoo tiin ol’aantummaa fi irreen- bulummaa murna tokkoo bakkaan ga´uuf karoorfate. Murni lamaanuu, ”bitaan yaabii, mirgaan yaabii walgeettiin kooraa” jedha.
2. Murni lamaanuu, qabsoo bilisummaa Oromoo tiif godhamu, gara gulantaa lammaffaatti gadi buusee, dorgommii aangoof godhamu gara gulantaa tokkooffaatti ol-baase.
3. Murni lamaanuu, tarsimoo siyaasaa jabaa, waraana laafaa, tarkaanfachiisa.
4. Murni lamaanuu, tokkummaa ummata Oromoo ti fi waraana bilisummaa Oromoo diiga.
5. Murni lamaanuu, kuun ifa bahee, kuun ammoo waarana bilisummaa Oromoo keessatti riphee, nyaapha goggogaaf haala aanjessaa jira.

Haala fokkataa murnoonni kun qabsoo bilisummaa Oromoo dhiisanii aangoof itti wal-hudhan, waraanaa fi tokkummaa ummata Oromoo itti diigan kana keessatti----gara kanaaniin ammoo, hala aanjawaa mootummaan Wayyaanee kufuuf reeqqisaa jiru keessatt----filmaanni qabsaa´ootaa fi sabboontota Oromoo maal ta´uu qaba? Karaa kamtu nu baasa? Karaa kamtu bilisummaa saba bal´aa-tti nu geessa gaaffiwwan jedhan, gaaffii belbeltuu yerooti.

Gamaggamaa fi xiinxallaa dhibdee warraaqsa bilisummaa Oromoo irratti bu´urfamnee, haala yeroo ammaan tanaa Impayerii Itoophiyaa keessa seene hubatnu qabna. Yeroo ammaa kana sirni kolonaaleffataan Habashaa kan gita bittuu Tigree tiin hogganamu, jeeqamaa fi diigama keessaa bahuu hin dandeetne keessa lixeera. Walii galatti, gitni bittuu Habashaa, kan mootumma wayyaanee, fincilaa fi diddaa ummatootaa tiin lubbamee du´aaf dhidhiitata.

Gama tokkoon, mootummaa Ertiraa tiin, gama biraa tiin warraaqsa bilisummaa sabaa fi sabbootaa tiin, gara keessaa tiin immoo humnootii Amaaraa tii fi masaanuu isaa tiin dhifame, hudhamee jira. Kana jechuun, guyyaa isaa hin beeknu malee, maatummaan Waayyaanee tuu komboluun isaa hin mamsiisu. Yeroo ammaa kana gaaffiin waaltaan--- “mootummaan Wayyaanee ni kufa moo hin kufu” kan jedhu osoo hin ta’in, “awwaala isaa irratti bilisummaan akkamitti daraara” kan jedhu ta’a.

Mootummaa Wayyaanee gara koonfii isaatti dhiibuu fi awwaala isaa irratti alaabaa Oromiyaa dhaabuuf, karaan diigamaa fi jilbiinfattumaa, ummata Oromoo hin baasu. Karaan Leencoo Lataa tii fi karaan Galaasaa Dilboo, karaa diigamaa ti. Karaan qancarsitummaa fi abbaa-irrummaa nu hin baasu. Xurreen murna Leencoo Lataa, karaa Chaartaraa ti. Karaan Chaartaraa, karaa ayyaanlaallaattummaa ti. Ayyaanlaallattummaa fi fincil-dideessuummaan, ummata Oromoo humna dhabsiisa. Dhiigaa fi humnaan malee: bilisummaan Chaartaraan, jaarsummaan, kadhaan hin argamu. Xurreen Galaasaa Dilboo fi

Leencoo Lataa, karaa naafxanyummaa haraawaa ti. Nafxanyummaan ammoo, hundee fi uumaan isaa tokko. Garaagarummaan isaanii, bifa callaa dha. Nafxanyummaan kaleessaa, maqaa Itoophiyaa ti fi maqaa Habashaa tiin of moggaase. Nafxanyummaan har´aa garuu, maqaa Oromoo tiin deema. Nafxanyaan kaleessaa, Oromoo roorroo dide--- harkaa fi harma mure;dhaluu kolaase. Nafxanyummaan Galaasaa Dilboo tii fi Dhugaasaa Bakakkoo, jagnoota Oromoo ajjeessa. Nafxanyummaan lugnaa, Gishuu Jaarraa, Mul´is Gadaa, kkf ajjeesee rarraga.

Karaan nu baasu, karaa bilisummaa saba bal´aa ti. Warraaqsi bilisummaa Oromoo, gabroomfataa maqaa Itoophiyaa tiin deemu buqqisee, gabroomfataa maqaa Oromoo tiin deemu nu irratti kormoomsuu hin qabu. Bu´aa qabsoo bilisummaa Oromoo kan dhandhamuu qabu ummata cunqqurfamaa dha. Qabsoon Oromoo nafxanyaa Amaaraa ti fi nafxanyaa Tigree buusee, nafxanyaa fi malkanyaa Oromoo nurratti deebisuu bin qabu. Kaayyoon nu baasu, kaayyoo ummata bilisaan, biyya walaba keessatti, mootummaa birmaduu Oromiyaa utubuu ti.

Jaarmayaan nu baasu, jaarmaya kaayyoo kana bakkaan ga´u. Hogganni nu baasu, hoggana kaayyoo kanaaf of qulqulleesse. Tarsimoon nu baasu, tarsimoo siyaasaa jabaa--- warrana jabaa---wal-fudhachiisanii wal-faana tarkaanfachiisuu ti (politico-military strategy). Tarsimoon nu baasu, tarsimoo qabsoo hidhannoo ti. Impaayerri Itoophiyaa, bilisummaa ummata Oromoo dhaluuf ciniinsifataa jira. Deessiftuun fincilaa fi diddaa gabrummaa--- warraaqsa bilisummaa sabaa ti. Karaan nu basu, karaa tokkummaa Oromoo ti. Tokkummaan Oromoo , farra-tokkummaa of keessaa buqqisuun dhufa.

Karaan Leencoo Lataa tii fi Galaasa Dilboo, karaa farra-tokkummaa Oromoo ti. Karaan sirriin, karaa gamtaa jaarmayoota Oromoo ti. Xurreen Leencoo Lataa fi Galaasaa Dilboo, agoobara jaarmayoota Oromoo irratti gufuu dha. Karaan nu basu, karaa deebisanii bifa cimaan of ijaaruu ti (reorganization). Karaan nu baasu, kara diinagdee dhaabbataa fi loojistika walaabaa ti. Waraanni bilisummaa Oromoo, daddaffiin hoggana booddessaa kana irratti tarkaanfii fudhatee, ummata Oromoo beeksisuu qaba. Mootummaa Wayyaanee boolla buufnee, biyyee irra dachaasuuf, jalqaba shira hoggana booddessaa irra aanee , ABO qulqulleessuu qabna.

Tumsa ummata Oromoo, kan jagnoota keennaa fi jaarmayoota Oromoo kan walabaa ta’anii tiin, shira hoggana booddessaa fi ayyaanlaallataa irra aanna!

Abdii jagnoota keennaa fi waraana bilisummaa Oromoo tiin, hennaa gabaabaa keessatti, qubuura kolonaaleeffataa Habashaa irratti alaabaa Oromiyaa ni dhaabna!

Oromiyaan qabsoo sabboontota isii tiin bilisoom ti!

Kan dhukkubsate haa himatu
Kan awwaale haa ragu
Kan beeku ha dubbatu.

Gumaa jagnoota keennaa ni baafna!
Wareegama jaallanii-tti firii ni goona